Magaala Siyaatil fi King Kaawuntii – Waan Dhageenye fi Eessa akka Deemnu
Qaqqabiinsa Industrii For-Hire tti – Caamsa 2021

Qo'annoota – Waan Dhageenyee
Qo'annoo Guraandhala keessa qopheesineeti turre fi warra abba medallion fi shofeertota rakkina geejjiba for-hire if yeroo hojjatan isaan mudatu fi jijjiirama arguu barbaadan akka nutti himan gafaneetti turre.

Kunooti waanti dhageenye:

- Deebii kennitoonni baay'een waggaa shanii oli kan konkolaachisan ta'uu, madda galii isaanii isa wanta ta'eef sa'aa – guutuu kan oofan fi tajaajila biraatii kan hin oofne dha.
- Rakkoowwan baasii inshuraansii fi kaffaltiiwwan to'annoo dha.
- Garaagaruumman seerotni warra TNC fi taxi fi for-hire, keessayyuu waay'ee kafaltii, deeddeebi'amee akka dhabamuu daldala taxi fi konkoolattota for-hire tii waantota qooda ba'an keessatti kan caqasamuudha.
- Deebii kennitoonni tokko tokko daangaa umutii konkolaataa fi kafaltii dirree xiyaaraa ykn imala gabaabaa akka rakkoowwaniitti ibsan.

Waan Dhageenye – Gareewwan Xiyyeeffannaa
Bitootessa keessa gareewwan xiyyeeffannaa shan warra abbaa medallion fi shofeertotaa qopheesinee yaadawwan imaammataa dubbii mataa akka medaallioniwwan naannoo uumuu fi konkolaattota for-hire maraa gara taxi tti jijjiiruu maal akka jedhan gaafaneetti turre.

Kunooti kan dhageenye:

- Hirmaattonni baay'een gara sirna medallion naannootti deemuu, konkolaatota for-hire mara gara taxi tti ceesisuu, taximeters qaruutee (smart) fi kafaltii akka haalatti jijjiiramu jalqabuu ni deeggeru.
- Hirmaattonni tokko tokko yoo medallion martuu lama ta'e warra amma medallion lama qaban akkatti sirriin kafalamuuf danda'uratti yaaddoo qaban ibsan.
- Hirmaattonni Magaalli fi Kawwuntiin lakkoofsa warra inshuransii dhiyeessuu gabaa keessatti baay'isuuf akka uulaagota inshuraansii laaffisan barbaadu. Filannoowwan inshuraansii xiqqoo jechuun kaffaltii inshuraansii ol'anaa jechaa dha.
- Ogaa industurichi yeroo golfaa COVID-19 kana wal'ansoo itti fufee jirutti, warri abbaa medallion fi shofeertonni gargaarsa attatamaa kan akka kafaltiiwwan to'annoo hir'isuu ykn kaasuu ykn gargaarsa maallaqaa biraa barbaadu.

Qo'annoorratti dabalatee dhaabbatoota taxi, rakkoowwan industrii fi yaada jijjiirawwan to'annoo dhiyaatan irratti mariyachuuf kaampanota for-hire fi gareewwan ogummaa wajjin wal argine. Yaadonni walga'iiwwan sanaas baay'iinaan deebiwwanumaa qo'annootin kan wal fakkaatudha.

Garam Deemaa Jirra – Karoorota
Dubdeebii dhageennye irratti hundoofnee, Magaalli fi Kaawuntiin tarkaaffiwwan kanaa gadii fudhatu:

- Gargaarsa yoosuu karaa kafaltii medallion haroomsuu hir'isuu, kafaltii eeyyama haroomsuu shofeera for-hire hir'isuu, kafaltii eeyyama haroomnsuu fi dabalataa waldaa taxi fi konkolataa for-hire

hir'isuu – kun martuu bara eeyyamaa isa dhufuufi. Dabalataanis, dirqiin dangaa umrii konkolaataa waggaa-10 anga Waxabajjii 30, 2022 ni dhaabama.
    - Magaalli fi Kaawuntiin xumuuranii gargaarsa yoosuu hojii irra oolchuu jalqaban.

- Medallion naannoo, konkolaatota for-hire mara gara taxi tti ceesisuu, taximeters qaruutee (smart) jalqabuu, ulaagawwan inshuraansii jijjiiruu fi jijjiiramoota biraa seerota salphisuu fi karaa qabsiisuf yaada seeraa dhiyeessuu.
    - Magaalli fi Kaawuntiin seera wixneeffame gara mana marii magaala fi mana marii kaawuntiitti anga dhuma waggaatti dabarsuuf karoofatan.

- Kafaltiiwwan imaloota gabaaboo Dirree Xiyyaaraa Sea-Tac irraa, uulaagawwan inshuransii, fi fayyadamuu smart taximeters fi anga kafaltii jijjiiramuu danda'u irratti deebii kennuuf dambiiwwan bulchiinsa dhiyeessu.
    - Magaalli fi Kaawuntiin dambiiwwan kana dhuma Hagayya 2021 dura xumuuruf karoorfatan.

Yaada kennuuf https://cutt.ly/OjjWB6k maaloo laalaa fi yaada kamuu FAST@kingcounty.gov tti ergaa.